Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

Vol. 7 No. 1 January 2024
https:journals.ju.edu.et

e-ISSN: 2616-3985
p-ISSN: 2616-3977

A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University

---

*hFull Length Research Paper*

# Taateewwan Qoricha Aadaa Biqiltootarraa Hojjetaman irratti Miidhaa Geessisan: Godina Qellam Wallaggaa

**Wayyituu Itichaa**

Yuunivarsiitii Wallaggaa Qorattuu Dhaabbata Qorannoo Oromoofi Afroo-Eshiyaawaa; Iimeelii: wayitugurmu@gmail.com

Submission Date: February 13, 2023
Acceptance Date: December 20, 2023

## Axareeraa

*Qorannoon kun Godina Qellam Wallaggaatti taateewwan qoricha aadaa irratti miidhaa fidan xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Oromoon Qellam Wallaggaa bara dheeraaf qoricha aadaatti fayyadamuun dhukkuboota garaa garaa irraa hanga dhukkuboota haala salphaan hinfayyamnetti ittiin of fayyisaa turaniiru. Haa ta'u malee, yeroo ammaa kana keessatti haalli itti fayyadama qoricha aadaa isa durii irraa haphachaa dhufuun badiisaaf saaxilamaa jira. Osooo kana ta'ee jiruu kallattii kanaan qorannoon ga'aan kanirratti adeemsifame hinjiru. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaa gochaalee qorichi aadaa akka badiisaaf saaxilaman addaan baasanii xiinxaluun dhalootaaf haala kamiin darbuu akka danda'u hawaasaaf hubannoo qooduudha. Malli qorannoon kun ittiin adeemsifame mala akkamtaati. Qorannoo kana keessatti maddi ragaa maanguddoota ogeessota qoricha aadaa qopheessuun beekaman, namoota 20 hawaasa keessaa muuxannoofi hubannaa dhimma kana irratti qaban iddattoo kaayyeffataatiin filachuun, afgaaffii waliin taasisuuni. Akkasumas, barruulee bifa barreeffamaan dhimma qorannoo kanatti dhihaatan gargaarameera. Qorannoo kanaan dhiibbaaleen amantii, mootummoota darbanii, mancaatiin biqoloota irratti raawwatan, ogeessoti qoricha aadaa dhaloota dhufuuf ogummaa kana qooduuf fedhii gahaa dhabuu, hawaasi ilaalcha gaarii qoricha aadaaf dhabuun isaan ijoodha. Rakkoowwan kanneeniifis hawaasi ammayyummaa duukaa bu'ee qoricha aadaaf ilaalcha badaa sirreeffachuu akka qabu hubannoo kennuun barsiisuu, ogeessoti fedhii isaanii guutuun dhalootaaf oguma kana akka dabrsan hubachiisuun yaadi akka furmaataatti kaa'ameera.*

**Jechoota Ijoo:** *Aadaa, biqilaa, fayyaa, ogeessa, qoricha*

---



---

## Threats of Plant Traditional Medcine: The Case of Qellem Wallaga


### Abstract

*The purpose of this study is to identify and analyze the factors that have made tradional medicine almost into disappearance in Qellam Wallagga province. For long period, the Oromoo of Qellam Wallagga has used these traditional medicines to treat even the diseases that could no be cured easily. However, now days the practices of using these traditional medicines have been seriousely threatened to the level of extinction. Inspite of these challenges, no significant research that reveals the problem and set solution for the challenges has been conducted. Theorefore, the objective of this research is to identify the challenges and to give awrness to the society so that the practices could be transferred to the next generations. The research was conducted using qualitative research methods. The data were collected through interview by identifying 20 elders who have knowledge of traditional medicines. Other related written materials were collected to supplement the sudy. The analysis of the data indicates that the impacts of religions, the policies the past consequetive Ethiopian governments introduced, the detorration of forest coverage, the marginalization of traditional medicine by physicians, and the bad image the society have developed towards these traditional medicines are the major factors that challenged the practices and the use of the traditional medicines. Thus, the study recommends that all these challeneges should be corrected and awrness creation should be made for the society in the study area so that they could develop positive view towards the use of these medicines.*


**Keywords:** *Culture, forest, health, medicine, physician*

---

## 1. Seensa

Qorichi aadaa namoonni biqiloota, beelladoota, bineeldootaafi albuudotarraa funaanuun gara qorichaatti jijjiiruun bara dheeraaf jireenya isaanii keessatti dhukkubboota garaagaraarraa fayyuuf maayii kan itti ba'aa turaniidha. Fayyadamiinsa qoricha aadaa waliin walqabatee addunyaa kana irraa biyyi hinfayyadamne hinjiru. Kun immoo fayyadamiinsi qoricha aadaa addunyaa guutuu biratti akka beekamu taassiseera. Ta'us, adeemsa kana keessatti qorichoota akkasirratti hubannoofi dhiibbaan garaagaraa heddummachaa dhufaniiru. Kana keessaa qorannoon kun taateewwan Godina Qellam Wallaggaatti qoricha aadaa irratti miidhaa fidan addaan baasuun xiinxalanii furmaata kaa'uurratti kan xiyyeeffateedha. Qorannoon kun kan geggeefame Godina Qellam Wallagaatti. Godinni Qellam Wallaggaa kan argamu dhiha Oromiyaatti. Godinni Qellam Wallaggaa bahaan Wallagga Lixaa, kaabaan Beenishaangul Gumuz, dhihaan Sudaan bahaafi Gambeellaafi kibbaan Illu Abbaa Booriin daangeffama. Magaalaan guddoon Godina kanaa Finfinneerraa gara dhihaatti Kiilo Meetira 652 fagaattee kan argamtu, Dambi Doolloodha.

Hawaasni Godina Qellam Wallaggaa qoricha aadaatti bara dheeraaf fayyadamaa akka turan maanguddoonni ragaa ba'u. Keessumaa qorichi aadaa biqiloota irraa qophaa'an dhibee fayyisuu keessatti gahee isaan taphatan jabaadha. Jean qorannoosaa keessatti yaada kana deggeruun qorichi aadaa biqilaarraa tolfamu salphaatti kan argamuufi humni fayyisuu isaa ol aanaa ta'uu ragaa ba'a (Jean, 2013).

Qorichi aadaa Qellam Wallaggaa keessatti dhukkuboota kanneen akka tiruu (dhukkuba sabbataa), michii, garaa ciniinnaa, ilkaan dhukkubbii, mataa cabsaa (mataa bowwuu), fincooftuu (simbirroo yoo namatti fincooftee)fi kkf. fayyisuun kan taajaajiluudha. Biqiloonni qorichummaaf oolan kunneenis qaamota biqilootaa kana keessaa solloqqee, baala, hidda, hundee, ija, jirmaafi kkf. irraa qopheeffamu (Madda Ragaa: Sheek Ahmed Mumad; Biraanee Lamuu).

Ta'us, bineeldotas ta'e beeladoota akkasumas biqilonni facaatiinis ta'ee akaakuun waan hir'achaa dhufaniif biyyootuma kam keessattuu akka duraa salphaatti argachuun ulfaataa ta'aa dhufeera. Keessumattuu immoo bakki qorannoon kun itti gaggeeffame Godinni Qellam Wallaggaa haphachuu maddoota qorichoota kanaaf dhiibbaa kallattii garaagaraan aadaa ogummaa kanaraa ga'aa jiruun itti fayyadamni isaa gara dhabamuutti deemaa jira. Ogummaan qorichi aadaa qopheessuun kun dhaalaan dhalootaarra dhalootatti gorsa afaaniifi agarsiisuun kan daddarbaa jiran ta'uun isaa immoo dhabamuu ogummaa kanaa saffisiisaa jira. Ogeessonni harca'anii hafan akka jedhanitti maddeen qoricha aadaa kun kan dur haala salphaan naannootti argaman amma gara dhabamuu warreen kaan immoo waan dhiibba garaagaraan ogeessarraa ogessatti darbaa hinjirreef wallaalamaniiru. Kan ta'ee kana hammeesse immoo qorannoon dhimma kana furuuf irraatti kan bakka qorannoo kanaattii gaggeefame hinjiru.

Qorichi aadaa dhukkuboota adda addaa fayyisuudhaan lubbuu namaa miidhama irraa baraaruun kan as gaheedha. Innis barbaachaaf fagoo utuu hindeemin biqiloota naannootti argaman irraa qopheeffachuun ittiin of yaalaniidha. Dhukkuboota qaama irratti argamaniifi dhibee sammuun walqabatan irraa yaala dhukkubbubsataa fayyisuudha (Abdullahi, 2016). Seenaa hawaasa adda addaa keessatti qorichi aadaa humna fayyisuu daran jabaa ta'e of keessatti qabachuun fayyummaafi yaala dhibee cimaa ta'eef furmaata ta'uun tajaajiilaa tureera. Har'as biyyoota hedduu keessatti tajaajilaa jira (Haidan, 2016)

Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaa taateewwaan, yookiin gochaalee qorichi aadaa akka badu taassisan xiinxaluun kanneen dhiibbaa geessisaa jiran adda baasuun hubannoo hawaasa naannoof qooduun gara fulduraatti dhalootaaf haala kamiin darbuu akka danda'u kallattii agarsiisuudha.

Faayidaa qorannoo kanaanis qoricha aadaa irratti kanneen ilaalcha badaa (sirrii hinqabaanne) barsiisuun itti fayyadami qoricha aadaa kun akka dhalootaa dhalootatti beekamtii argatee darbu taassisuudha. Kana malees, dhaabbilee barnootaa keessatti dhimmi qoricha aadaa sirritti akka kennamuufi qorannoo qoricha garaagaraaf akka ka'umsa ta'uuf gargaara. Qoricha bifa ammayaatiin warshaa keessatti hojjetamaanifis akka galteetti gargaara. Dabalataanis, gara fuulduraatti qorattoota mataduree kanatti dhihaatu irratti qorannoo adeemsisaniif akka ragaatti gargaara.

## 2. Sakatta'a Barruu

Qorannoo hedduun bakka garaa garaafi yeroo garaa garaatti qoricha aadaa kanarratti haa geggefamaniyyuu malee, dhabamuun maddoota qoricha aadaa kanaafi ogummaan isaa dhalootarra gara dhalootaatti darbuun isaa akka malee haphachaafi gadi bu'aa dhufuusaarratti xiyyeefannoo hinlaanne. Irra caalaa immoo ilaalchi qorattota qoricha ammayyaa qorannoo qoricha aadaa kanaaf qaban qorannoon qoricha aadaa bifa ammayyaa'aa ta'ee qoratamuun baay'atee akka hinmullane taassiseera. Bakka qorannoon kun itti geggeeffametti immoo wanti qoratamee kana jedhamu hinjiru.

Haaluma kanaan, David (2010) ennaa itti fayyadamni qoricha aadaa ogeessa aadaa muuxannoo yeroo dheeraa qabuun waan kennamuuf hanga madaalurratti yaanni dhibee fida jedhu hinfudhatu. Itti dabaluunis qorichi aadaa kun naannootti waan argamuuf dhukkubsataatti osoo yeroo dheeraafi qarshii guddaa hingaafatiin argachuun danda'ama. Kanaafuu, itti fayyadamni isaa hameenya hinqabu jedha. Ta'us, innis qorannoosaa keessatti qorichi aadaa kan akka badaa jiruufi kanneen itti fufiinsa isaarratti dhiibbaa geessisan hinxuqin hafeera (David, 2010).

Akka Andrea (2017) jedhutti immoo Qorichi aadaa kun dhukkuboota ijaan argaman qofaa kan fayyisu utuu hintaane dhibeewwan afuuraan walqabatan kan akka dhukkuba sammuun xuqamuu (michii), budaa (evil eye)fi kkf. ayyisuu keessatti gaheen inni taphatu guddadha jedha. Kunis, gama afuuraan yommuu ilaalamu qorichi aadaa amantaa waliin walqabatee jiraachuu isaa ibsa (Andrae, 2017). Haa ta'u malee,

qorataan Martins (2013) jedhamu akkaataafi hanga itti fayyadama qoricha aadaa of eeggaannoo cimaan waan hingodhamneef itti fayyadamtoota fayyisuurra carraa inni ajjeesuuf saffisiisutu caala jedha. Akka qorataa kanaatti oggeessonni qoricha aadaa seeraan qoricha kana waan hinqabneef, carraan mancaa'uufi daa'imman akka malee salphaatti bakka kaa'amee fuudhanii liqimsuun balaa inni geessisu hamaadha jedha. Ogummaa akkasii tursiisurra dhabamsiisuutu filatama yaada jedhu lafa kaa'a. As keessatti Martin (2013) kan hubachuu dadhabe, ogeessonni qoricha aadaa amala qoricha kanaa akka beekaniifi kuunuunsa sirrii akka godhaanif qorachuu dhiisuusaati. Akkasumas, qorichoonni aadaa kun qoricha ammayyaa inni faarsuuf ka'umsaafi madda waan ta'eef, dhabamuun isaa saffisa kalaqa qoricha aadaarratti dhiibbaa hamaa qabaachuu isaa waan dagate fakkaata.

Qorichi aadaa dhukkuboota adda addaa fayyisuudhaan lubbuu namaa miidhama irraa baraaruun kan as gaheedha. Innis barbaachaaf fagoo utuu hindeemin biqiloota naannootti argaman irraa qopheeffachuun ittiin of yaalaniidha. Dhukkuboota qaama irratti argamaniifi dhibee sammuun walqabatan irraa yaala dhukkubbubsataa fayyisuudha (Abdullahi, 2016). Seenaa hawaasa adda addaa keessatti qorichi aadaa humna fayyisuu daran jabaa ta'e of keessatti qabachuun fayyummaafi yaala dhibee cimaa ta'eef furmaata ta'uun tajaajiilaa tureera. Har'as, biyyoota hedduu keessatti tajaajilaa jira (Haidan, 2016). Yaada kana deggeruun Andrew (2004) dandeettii jabaan humna fayyisuu qoricha aadaa keessatti argamu hawaasaafi ogeessota qoricha sana qopheessaniif fudhatamummaa kennuurra darbee ciminaafi fudhatamummaa isaa kan mirkaneessuudha jedha.

Haata'u malee, Fennell (2004) immoo yaada kana mormuun kunneen qorichi aadaa irraa hojjetaman biqiloota dabalatee summii hamaa of keessatti qabachu waan danda'aaniif, osoo mana qorannoo keessatti hinmirkaneefamiin itti fayyadamuun uummata addunyaa kana akka malee miidhuu danda'a jechuun falma. Asirratti Fennel kan osoo hinhubatin darbee, ogeessonni qoricha aadaa kun muuxannoo itti fayyadama qorichaa aadaa darbaa dabarsaan bara dheeraa qaxxamuree kan dhufeef sababuma kanaan isa kamtu summii qabeessa akka ta'eefi yoo qabaates hangasaa bareechan kan beekan ta'uu isaaniti.

Shridhar (2013)fi Raynor (2011) immoo qorichi aadaa baay'een isaanii har'a hawaasa keessatti tajaajilaa jiran beekamtii dhaabbata nyaataafi qorichoota addunyaatti (the approval process of the UN Food and Drugs Association) keessatti beekamanii hinjiran. Kanaaf, dhiibbaa isaan geessisaniifis qaamni itti gaafatamu hinjiru. Kun immoo lubbuun namaa akka malee miidhamaaf akka saaxilamu taassisa. Falmii isaanii kana keessatti qorichi aadaa kun beekamtii akka argatuuf yaada furtoo lafa kaa'uurra beekamtii waan hinqabneef tajaajilli qoricha kanarraa argamu hafuu qaba waan jedhan fakkaatu. Keessumatti immoo Raynor qorichoota kana faana ilbiisonni kanneen ijaan argamaaniifi hinargamne ennaa qoricha kana liqimsan nama seenanii dhukkuboota biraa fiduu danda'u waan ta'eef, balaa qorichi kun geessisu ol ka'aadha jedha. Yaanni isaa kuni immoo dhugaa lafa jiruuf yaada furmaataa akka lafa hinkeenye isa taasiseera.

Wisdom (2021) immoo yoomessa fudhannaa qoricha aadarratti xiyyeeffachuun qorichi kun barbaachisaa akka hintaane falma. Akkasaatti dhukkubsataan qoricha kana sa'a barbaadeefi bakka barbaadetti fudhachuu waan hindandeenyeef bilisummaa sochii dhukkubsataa kanarratti rakkoo uuma jedha. Qorataan kun rakkoon wal fakkaatu yoomessa fudhannaa qoricha ammaayyaa keessattis kan mul'atu ta'uu isaa waan dagate fakkaata. Akkuma qoricha aadaa kana kan ammayyas socho'uun hafee ennaa itti ciisanii fudhatanillee akka jiru hineerre.

Nethathe (2014) karaasaa hanga kennamiinsaan walqabatee qorichi aadaa tilmaama madaalawaa ta'een eegamee hinkennamu jedha. Kun immoo, miidhaa akka geessisuuf saaxila. Lubbuu namaa irratti balaa geessisuu danda'a ejjennoo jedhuun falma. Qorataan kunis akka David (2010) jedhutti ogeessoonni

aadaa umurii, humnafi haala sadarkaa nama dhukkubsachaa jiruu kana tilmaama keessa galchuun akka kennan waan hubate hinfakkaatu.

Walumaa galatti qorattoonni kan qoricha aadaas ta'e kan qoricha ammayyaa qorichi aadaa kun dhukkuba beeladootaan wal qabatee xiyyeeffannoo itti hin kennine. Irra caalaayyuu immoo haala faayidaafi dhiibbaa inni dhukkubsataarra geessisu malee sadarkaa qorichi aadaa kun irra jiruuf waan dhimmaman hinfakkaatu. Taatewwan qoricha aadaa kana haphachuuf yookaan dhabamuuf saaxilaa jiran maal fa'aa akka ta'an, ilaalcha maaliirraa akka isaan maddan hinxuqne fala hinfalleef. Kanaafuu, qorannoon amma Godina Qellem Wallaggarratti xiyyeeffatamee gaggeeffame kun hanga tokko rakkoo qorattoonni kun osoo hin xuqin bira darban kanaaf hanga tokko furmaata kan ta'udha.

## 3. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun malli inni ittiin adeemsifame mala akkamtaatiin yommuu ta'u, gosa qorannoo addeessaatti kan dhimma bahameedha. Malli ragaa kennitonni ittiin fudhataman mala akkayyoofi darbaa dabarsaati. Qorannoo kana keessatti ragaaleen bifa afgaaffii, marii gareefi daawwannaan, akkasumas ragaalee bifa suur-sagalee, waraabbiifi yaadannoo qabachuun waliitti qabame akkaataa gosaafi wal fakkeenya isaaniitiin walitti fiduun mala hiikaafi ibsaa fayyadamuudhaan ragaan kan qaacceffameedha. Maddi ragaa qorannoo kana keessatti hojiirra oolan hawaasa naannoo bakka qorannoo kanatti argaman keessaa maanguddoota ogeessa qoricha aadaa ta'an, waa'ee qoricha aadaa kana irratti miidhaan maal akka geessisaa jiru irratti kanneen hubannoofi muuxannoo qaban irraa raga kennuu danda'an irraatti xiyyaffatamee kan geggeeffameedha.

Madda ragaa qorannoo kanaas kan guurame aanota Godinni Qellam Wallaggaa qabdu 12 keessaa 8 filachuuni. Filannoon kunis kan gaggeeffame ogeessa Qoricha aadaa ta'uun hawaasa tajaajilaa jiran hordofuudhaani. Walumaagalatti, namoonni ogummaa kanaan beekaman kan argaman digdama (20). Aanoleen saddeettan kun kan filatamanis namoota ogummaa kana qaban hordofuuni kan adeemsifamrrdha. Kunis kan ta'eef ogeessota kana haala yaadameen heddumminaan argachuun waan rakkisaa ta'eefi. Kanaafuu, aanota afur (4) keessaa ogeessa sadi sadii, kana jechuun nama kudha lamaafi aanaa afur (4) irraa nama lama lama, kana jechuun ogeessota qoricha aadaa saddeet (8) fuudhame. Walumaa galatti, aanaa saddeet(8) irraa nama digdama(20) irraa ragaan walitti qindaa'uun qaacceffameera. Kana malees barruun barreeffamaa hanga ta'e qorannoo kanaan hidhata qabu sakatta'ameera. Ragaan walitti qabaman kunneen haala qindaa'ina isaanii eegachuun xiinxalamaniiru.

## 4.Xiinxalaafi Argannoo

Akka Qellam Wallaggaatti qorichi aadaa dhibee namaafi horii irratti mul'ataniifi mul'achuuf jiran dursa ittisuufi fayyisuuf kan humna cimaa qabuudha. Innis baroota hedduuf kan tajaajilaa ture yommuu ta'u, har'as dhalootaaf darbee kan hawaasa gargaaraa jiruudha. Haata'u malee, yeroo ammaa kana taateewwan tokko tokko akka isaan dagatamuun hawaasaaf darbanii tajaajila hinkennine taassisaniiru. Isaan miidhaa geessisan keessaas qorannoo kana keessa tokko tokkoon dhihaataniiru.

### 4.1. Dhiibbaa Amantii

Amantiifi qoricha aadaa gidduu rakkoon ilaalchaa cimaan akka jiru ogeessoti jabeessanii dubbatu (Madda ragaa: Ogeessa Qoricha Aadaa Obbo Waaqjiraa). Kunis, baduu qoricha aadaaf sababa kan ta'an keessaa tokko dhiibbaa amantiin fideedha. Dur utuu amantiin hindhufiin maanguddooti ogeessa qoricha aadaa ta'an heddumminaan argamaa turan. Ganda tokko keessatti ogeessota afurii (4) hanga shan (5) ta'antu argama. Haa ta'u malee, erga amantiin babal'atee booda ganda mitii aanaa tokko tokko keessaa iyyuu dhabamaa jiru. Bakkeewwan tokko tokkotti oguma ganamaa hawaasi Oromoo harkaa qabu quucarsuuf jecha abbootiin amantaa hawaasi gama amantiin ilaalcha dogoggoraa qoricha aadaa irratti

akka qabaatan taassisaniiru. Bakka qorannoo kanatti sochiin amantii yeroo dheeraaf turuusaafi gocha karaa aadaa mul'atan afuura xuraa'aan walqabsiisuun hubannoo hawaasaa jijjiirantu argama. Kanumaan walqabatee hawaasi yeroo itti amantaan walqabsiisanii qoricha aadaa balaaleffatantu jira. Amantiin dhimma hafuuraadha. Haa ta'u malee, ilaalcha amantiin yommuu ilaalaman ogeessoti qoricha aadaa hawaasa keessatti tuffatamoofi jibbamoodha. Yaada kana gadi fageenyaan quuqamni akka jiru kan dubbatan maanguddoo ogeessa qoricha aadaa taa'an Sheyik Xayib akka ibsanitti ogeessoti qoricha aadaa qopheessan hawaasa hordoftoota manneen amantaa keessatti ilaalchaafi yaada sirrii nami qabu hinjiru jedhu. Akka namoota qoricha shiirii (xinqolaa) tolchaniitti ilaalamu jechuun ibsu.

Kun immoo dhimma amantaasaaniirratti dhiibbaa waan qabuuf ilaalcha kana ofirraa hambisuuf ogummaasaanii maranii ol kaa'u. Kana jechuun itti fayyadamiinsi qoricha aadaa haalaan akka gadi bu'u taassisuun qoricha aadaarratti dhiibbaa fidaa jira jechuun ogeessi kun ibsu.

Gama dhiibbaa amantiin wal qabatee qoqqobbaa isaanirra jiruun maangoddoonni ogeessa qoricha aadaa ta'an ẁaa hedduu miidhamoodha. Fakkeenyaaf naannootti adeemsa waliin waaqeffachuu keessatti jarreen ogeessa ta'an kun mana amantaafi bakka awwaalaa hinqaban. Kunis, tajaajila mana amantii sana akka hinarganne yeroon itti dhorkaman nijira. Ogeessotis hawaasa keessaa adda bahuurra ogummaa isaanii kana maranii ol kaa'uu filatu. Kun immoo itti fayyadamiinsi qoricha aadaa akka dagatamu taassisaa jira jechuudha (Madda raga: Ogeessota qoricha aadaa Kuusaa; Biraanee Lamuufi Mamud Idiris).

### 4.2. Dhiibbaa Mootummoota Darbanii

Baduu, yookiin dhabamaa dhufuu qoricha aadaaf sababa kan ta'an keessaa dhiibbaan mootummoota darbanii isa tokkoodha. Mootummooti darban aadaafi duudhaa Oromoo waan hindeeggarreef, kanaan walqabatee qoricha aadaa irratti dhiibbaan akka dhufu taassiseera. Bifa beekamaan ta'uu baatus, sirnoonni darbani Oromoo harkaa qabeenyaafi beekumsa mancaasuuf amantaa dahoo godhachuun dhiibbaa cimaa uummata Oromoorraan geessisaniiru. Kun immoo ogummaa Oromoon ganamaan Waaqa biraa kennameef irratti gufuu ta'uu ibsa.

Haaluma walfakkaatuun, hawaasi Oromoo haala salphaan biqilaa naannoosaatti argamurraa qoricha tolfatee itti fayyadamaa turus mul'inatti utuu hintaane dhoksaadhaan hawaasaaf kennamaa ture. Karaa dhaabbilee fayyaa namooti qoricha kana akka hinfayyadamne gorsaafi barnoota kennamuun akka gadi bu'u taassisuun dhiibbaa geessisaniiru. Sababni isaas siyaasa waliin walqabsiisuun, akkasumas namooti ogummaa qoricha aadaa kana qopheessan hanga kennamuun dogoggora uumamuun walqabatee namoota miidhuu waan danda'aniif yaada jedhu dahoo godhataniiti. Namooti dhukkubsatanii qoricha kana fudhatan silumayyuu carraa fayyuu dhabanii yoo du'an, ogummaa kana gadi buusuuf jecha akka waan ogeessoti kun ajjeesaniitti yakka gumaan adabamanii hidhuudhaan ogummi kun akka hin babal'anne dhiibbaa uumaniiru (Madda ragaa: Obbo Mamud Idris).

Haala yeroo darbaniin wal fakkaachuu dhabus motummaan yeroo ammaas dhiibbaa kallattiin hinfidiin malee aal-kallattiidhaan darbee darbee ni'argama. Maanguddoota ogeessa qoricha aadaa bira qaamni motummaa isaan deeggaruufi jajjabeessu cina isaanii akka hinjirree ogeessonni yaada eeru. Kana malees, yeroo ammaa kana ogeessonni muraasi eeyyama itti baafachuun hojii haa eegalan malee, baay'ina gibiraaf jecha oogummaa isaaniin waan argatan galii gibiraaf waan oolchaniif dhiheessii akka xiqqeessan dubbatu. Rakkoo cimaan jiru qorichi kun biqilaa naannoorraa waan tolchaniif gatii kennamiinsa isa qaalawaa miti. Hawaasaafis gati gadi aanaan dhiheessuuf. Haata'u malee, qaamni motummaa humnaa ol kaffaltii gibiraa itti heddummeessuun akka fedhiin ogeessota qoricha aadaa kun xiqqaatu gochaa jira. Kun immoo boriif hamileen isaanii akka gadi bu'uufi ogummaasaanii kanaan

hawaasa akka hintajaajille gochuun badiinsa qoricha aadaaf sababa ta’aa jira jechuudha (Madda ragaa Ogeessa Qoricha Aadaa Sheyik Xayib; Biraanee Lamuufi Mamud Idiris).

Kana malees, akka ogessota ammayyaa deeggarutti ogessota qoricha aadaaf deggarsa gochaafii hinjiru.Ogessota kan ammayyaaf leenjii garaa garaa kennee cina dhaabbata. Haata’umalee, kanneen maanguddoota ogessa qoricha aadaa ta’aniif kennamee hinbeeku. Kun immoo jajjabeeffamuu dhabuu isaanii mul’isa. Kallattii hundumaan yommuu ilaalamu, gama motummaan ilaalchi jiru dhiibbaa hagam ulfaatu qoricha aadaa irratti niqaba jedhu ogeessonni. Akka qoricha aadaatti hinfayyadamne gorsa karaa mana yaala ammayyaa kennamuun wal qabatee dhiibbaan qoricha aadaa balleessuu isa jabaadha. Hawaasi akka yaala kan ammayyaa qofa hordofu gorsuufi jajjabeessu. Maanguddoota ogeessa qoricha aadaa ta’an bira deemanii qoricha fudhachuun akka yaada dogongora ta’eetti fudhatu. Keessumaa, gama warra eksiteenshinii fayyaatiin ganda irra deemuun qoricha aadaa fayyadamuun faayidaa isaarra dhiibbaa inni qabutu caala yaada jedhuun yommuu isaan itti barsiisan jira. Kun immoo sammuun hawaasaa dhuguma qorichi aadaa faayidaa isaa caalaa miidhaa inni geessisutu caala jedhee amanee fudhachuun itti fayyadama qoricha aadaa irraa fagaata. Kanumaan wal qabatee, namooti kan fayyadaman yaala ammayyaa malee kan aadaattii dhimma hinqaban. Haala kanaan, qorichi aadaa akka dagatamuuf dhiibbaa gochaa turan jechuudha (Madda ragaa Ogeessa Q.Aadaa Obbo Indaaluu).

### 4.3. Biqilootni Qoricha Aadaaf Oolan Badaa Deemuu

Lubbu qabeeyyiifi lubbu maleeyyii dabalatee wantootni uumamaan naannoo keenyatti argaman hedduun isaanii maddeen qorichoota aadaa ta’anii kan nu tajaajilaniidha. Maddeen qorichootaa kunis qaamota biqilootaa, bineeldotaafi bu’aalee isaaniifi albuudotni isaan ijoodha. Irra jireessaan biqilooti madda qoricha aadaa kana ta’anii argamu. Biqiloonni kun dur bosonni baay’inaan waan jiruuf kanneen qorichummaaf oolan kun gaaddisa isaanii jalatti argamu. Ogeessoti yeroo gabaabaafi bakka dhiheenyatti argatu turan. Amma garuu sababa bosonni haphachuurraan kan ka’e biqiloota qorichummaaf gargaaran kana argachuuf bakka fagoo deemuufi yeroo dheeraa itti fudhata.

Kana malees lafti borqii ta’uufi qoricha farra aramaa fayyadamuun akka malee biqiloonni kun akka badan taassiseera. Aanoti Qellam Wallaggaa keessatti argaman hedduun isaanii bakka bosonni jiru kan akka Gidaamii,Yamalogii Walal, Daallee Waabaraa deemuun biqiloota qorichummaaf gargaaran kana argatu. Kun immoo dhamaatii yeroofi humnaa akkasumas baasii biroof kan isaan saaxilu waan ta’eef ogeessoti dhiisaa akka dhufan godheera.

Haata’u malee, yeroo ammaa kana baay’inni uummataa dabaluun, qonni babal’achuurraan kan ka’e manca’uufi baduu bosonaatiin biqilootni qorichummaaf gargaaran akka malee akka badan godheera. Kana jechuun immoo dhukkubaaf qorichi dhabamaa jira akka jechuuti. Akka maanguddooti ogeessa qoricha aadaa yaada eeranitti yeroo ammaa kana gosa biqiloota dur naannoo irraa argatan raawwatee akka bade dubbatu (Madda raga:Obbo Abbabaa).

Biqiloota qorichi irraa qopheeffamu duraan turanii amma dhabamaa jiran keessaas akka fakkeenyaatti kan kaafaman biqilaa ashaangiraa, heennaa, hidda reeffaa, ya’aa, muka gambeellaa, karaabii, gizaawaa, dinnicha Oromoo, atarii qalamee, tuufoo cabbii, fossoofi marga carcar fa’aadha.

Biqilootni kunneen lafti xaa’oo of keessaa fixee borqaa’uu waan eegaleef badiinsaaf saaxilaman. Fakkeenyaaf, biqilaan ashaangiraafi heennaa umamaan lafa xaa’oon gabbate irratti biqilu. Haata’u malee, yeroo ammaa kana lafti borqaa’uu irraan kan ka’e ashaangirri haala duriin biqilaa hinjiru. Kun immoo gara dhabamuutti deemaa jiraachuu isaa ibsa (Madda ragaa: Ogeessa Q.Aadaa Obbo Yaadataa).

Kana malees, qoricha farra aramaa kan ta'e ooyiruu keessatti fayyadamuun biqiloota kanneen qorichummaaf oolan kana dhabamsiiseera. Fakkeenyaaf, biqilaan marga carcar kun midhaan keessatti makatee biqila. Haa ta'u malee, aramaa midhaan keessaa balleessuuf yommu qoricha aramaa biifan sana aramaa sana duukaa tortoree bada jechuudha (Madda ragaa: Obbo Indaaluu).

Dabalataanis mancaatii bosonaan walqabatee, biqiloonni kun heddumminaan kan badaa jiraniidha. Fakkeenyaaf, biqilaan hidda reeffaa, ya'aafi muka gambeellaa bakka bosonni jirutti kan biqilaniidha. Haa ta'u malee, yeroo ammaa badiinsaafi mancaatii bosonaan walqabatee biqiloonni kun badaa jiru. Kanumaan wal qabatee, qorichummaaf kanneen oolan kanas bosona kana waliin gara baduutti gahaa jiru (Madda ragaa: Sheek Mohammed ). Walumaagalatti, yeroo ammaa kana biqilootni kunneen qaamolee olitti ibsamaniin dhabamuudhaan qorichi aadaa akka itti fufee dhaloota itti aanu hintajaajillee taassifamaa jira jechuudha.

4.4 Kaka'umsa Dhabuu Maanguddoota Qoricha Aadaa Kennanii

Maanguddoonni ogeessota qoricha aadaa ta'an ogummaa kana Waaqa biraa namaaf kennama jedhanii kan amanan yoo ta'eyyuu, muuxannoofi dhaalaan walbarsiisuun argatu. Isaanis, ogummaa kana ilmaan isaanii barsiisuun dhalootatti akka darbu taassisu. Ogummaa isaanii kanaanis dhukkubsataatti gara jabina tokko malee gosoota biqilaa naannoo isaaniitti argaman irraa bifa beekaniin qopheessanii fayyisaa turan. Haata'u malee, ogummaa isaanii kana bakkeetti baasanii of beeksisuun qoricha kana beekamtiin qopheessuuf kaka'umsi keessaa isaanii hinjiru. Sababni isaa mootummaan yakkamaa isaan gochuun dogoggora irra barbaadee akka isaan ogummaa kanaan hawaasa hintajaajille godha. Dogongora ogeessa muraasaan hunduma walitti qabee ilaala.

Gama abbootii amantaan immoo ilaalchi maanguddoota ogeessa qoricha aadaaf qabanii gad aanaadha. Ogeessota kana akka nama hojii xura'aa hojjeteetti hawaasa keessatti fudhatama isaan dhorkatu. Biqiloota naannoorraa qorichummaaf isaan dhukkubsataaf dhiheessan kana akka hojii shiraa (xibaartuutti) ilaalu. Kanumaan walqabatee, qoqqobbii irra ka'aamuuf jedhanii sodaachuun ogummaa isaanii kanaan hawaasa gargaaruu dhiisanii ogumma kanarraa goru. Kun immoo itti fayyadamiinsi qoricha aadaa akka dhabamu taassisaa jira (Madda raga: Obbo Tasfaa).

Dabalataanis, ogeessoti biqiloota qoricha irraa qopheessan argachuuf karaa fagoofi yeroo dheeraa deemu. Sababoota mancaatii bosonaarraan kan ka'e akka durii ogeessoti haala salphaan biqiloota qorichummaaf oolan kana argachaa hi jiran. Akka naannoo bakka qorannoo kanaatti gosoota qoricha naannootti hin arganne barbaachaaf aanota naannoo sanatti bosona qaban deemuun gosaa biqilaa barbaadanii fudhatu. Kun immoo yeroo dheeraafi baasiif illee waan isaan saaxiluuf, hojii kana akka dhiisan isaan taassiseera. Kaka'umsa dhabuusaanii kanaafis kaneen gaditti tarreefaman ta'uu akka sababa ijootti kanneen kaafamaniidha (Madda ragaa: manguddoo Birane Lamuu).

**Sodaafi ofitti amanamummaa dhabuu:** Ogeessoti qoricha aadaa baay'een isaanii ofitti amanamummaa hinqaban. Sababnisaa namoonni dhukkubsatan yemmuu qoricha aadaa fudhatan nimiidhamu jedhanii waan shakkaniif. Fakkeenyaaf, yemmuu dhukkuba tiruu (sabbataaf)fi keessa qaama namaa biroon walqabatan qoricha dhugamu dhukkubsataaf kennan, guyyaa jalqabaaf garaa kaasaan, hooqqisiisaafi dhukkuboonni garaachaan walqabatan hedduunsaanii miidhamaaf isa saaxilu. Kana malees, qorichi kun bishaan xuqee yoo bule summii ta'a. Qophaa'ee kan bulu yoo ta'es nama ajjeesa. Nama qoricha sabbataa fudhachuu deemeef ganama sana qopha'aaf jechuudha. Tartiibni kun diigamnaan lubbuun nama sanaa laayyootti miiidhama. Yemmuu kanammoo ogeessi qoricha sana kenneef yaaddoofi dhiphinaan guutamuu danda'a. Sababnisaa dhukkubsataan sun yoo miidhame yaada jedhu sodaatu. Dhukkubsatan qoricha ogeessota kanarraa utuu fudhataa jiruu akka carraa isaa ta'ee yoo du'ellee, sababa qoricha kanaa du'e waan ta'eef abaluutu ajjeese jedhanii himatu. Yommuu kana ogeessoti kun yakka

lubbuun waan himataniif yaaddoo sana jalaa bahuuf jedhanii ogummaa isaanii kana ittiin hawaasa tajaajiluu dhiisu (Madda ragaa: Obbo Birane Lamuu)

**Rakkoo ilaalchaan walqabatee:** Hawaasa keessa jiraatan keessatti ogeessoti qoricha aadaa ilaalcha gadaantummaan ilaalamu. Waan akka qoricha nama miidhu hojjetaniitti fudhatamu. Gama jarmiyaalee hawaasummaanillee miidhamoodha. Amantaan wal qabsiisuun hawaasi ogeessota kana qoqqobbii irraan gaha. Kun immoo akka isaan raawwatanii ogummaa kanaan tajaajila kennuu dhiisan gochaa jira. Dabalataanis, hawaasi irra jireessaan kan itti fayyadamu qoricha ammayyaa waan ta'eef, yoo qopheessan namoota fudhatan waan hinarganneef qopheessuuf kaka'umsa hinqaban. Kun immoo hamileesaanii boodatti deebisuun akka isaan dhalootaafillee hingumaachine taassisa (Madda ragaa: Ogeessa Q. Aadaa Obbo Indaaluu).

**Deeggarsa saayinsii ammayyaa dhabuu:** Qorichi aadaa akka dagataman kanneen gochaa jiran keessaa saayinsii ammayyaan deeggaramuu dhabuunsaa rakkoo isa jabaadha. Leenjiifi deeggarsa dhabuun ogeessoti kaka'umsa akka dhabaniifis sababa ta'eera. Gama hayyotaanis ta'e qaama mootummaa irraa qaamni ogeessa qoricha aadaa bira dhaabbatee bifa saayinsawaa ta'een deeggaruun leenjiin kennamu hinjiru. Qorichi aadaa akkuma waan faayidaa hinqabneetti ilaaluun deeggarsa godhamuu qabu hintaassisaniif. Ilaalchi kunis Warri saayinsii baratan kan ta'u hunduu karaa saayinsii ta'uu qaba jedhanii amanu. Kanarraa kan ka'e qoricha aadaa deeggaruurra balaalleffachuu filatu.

Kun immoo akka ogeessoti qorichaa aadaa dandeettiifi ogummaa kanaan hawaasa isaanii hintajaajille taassisa. Ogeessonni qoricha aadaa qopheessanis akka komii jabaatti kan kaasan qaama isaan cina dhaabbachuun jajjabeessuufi muuxannoo qooduuf akka hinjirre yaada eeraniiru (Madda ragaa: Ogeessa Q.Aadaa Obbo Kumarraa).

**Ogeessonni qoricha aadaa kennan hubannoo wal qixaa dhabuu:** Akkaataa ittiin kennamu ilaalchisee warri sirriitti ogummaa kana hinqabne rakkoo isaan geessisaniin warri ogummaa qabus akkasitti akka ilaalaman godhe. Kun immoo ogeessota irraa akka namni amanee qoricha isaan qopheessan kana irraa hinfayyadamne isaan taassise. Ogeessota warra sirriitti qopheessuun qoricha kana qopheessanii dhiheessan irrattis miidhaa geessisuun hundumtuu dimshaashumatti akkasitti akka ilaalaman godheera. Ogeessota kanneen muuxannoo gahaa hinqabne muraasa ta'an birattii darbee darbee hanqinoota mudataniin wal qabatee dimshaashuma komiif kan saaxileedha.Qorichoonni aadaa hanga, haala qophii, yeroofi akkaataa kennamiinsi isaanii sirriitti addaan baafamee kennamu qaba. Haata'u malee, ogeessonni tokko tokko hubannoo kanaa utuu hinqabaatiin qoricha aadaa waanuma qopheessuuf dandeettii isaa beekaniif qofa dhukkubsataaf yeroofi hanga isaa utuu hinhubatiin, akkasumas dhukkubsataa hinhubachiisin kennuuf. Yommuu kana dhukkubsataan dhukkuba kan biroof saaxilamuun miidhamuu danda'a. Maanguddoonni ogeessa qoricha aadaa ta'an dhukkubsataaf yommuu qoricha kennan kan safaran tilmaammiin isaanii caba quba moggee, quba abuudduu, barruutti, cophaan, qeensattiifi kkf. tti tilaammiin kennu. Kun immoo bakka tokko tokkotti darbee darbee namoota fudhatan irratti dhiibbaa cimaa geeessisa jedhamee dubbatama. Hawaasis kanneen akkasii ilaaluun qoricha aadaa irraa baqachuun fayyadamtoonni qoricha aadaa akka hir'atan taassisa (Madda ragaa: Obbo Mulgeetaa).

Kanumaan wal qabatee hawaasaafi kanneen biroorraa komiin ogessotarratti nikaafama. Sababnisaa dhukkubsataan qoricha kana yommuu fudhatu tilmaammiin isaa yeroo itti dogoggora uumuun miidhaa geessisu waan jiruuf. Qorichoonni aadaa tokko tokko haalaan cimaa waan taa'aniif hangi isaanii ol ka'uun lubbuu namaarratti miidhaa geessisu. Qorichoonni aadaa kan biroos hangi isaanii yoo gadi xiqqaate qorichummaasaanii dhabu yookiin humni dhukkuba sana dafee fayyisuu isaa gadi bu'ee argama. Dafee fayyisuu dhiisuu danda'a. Kun immoo fudhatama ogessotaafi qorichoota aadaan hawaasa

biratti qaban gadi xiqqeessa. Fakkeenyaaf:qoricha saree maraatuu,sabbataa (tiruu), qoricha budaa, akkasumas irra jireessaan hanqinoonni kun qorichoota bifa dhangala'aan kennaman irratti mul'ata. Kanaafuu, hanga kennnamiinsaan wal qabatee komii ogeessa qoricha aadaa irratti ka'uun hangi kennamiinsaa taateewwan qoricha aadaa miidhan keessaa tokko ta'ee qorannoo kanaan adda baheera (Madda ragaa: Obbo Abbabaa).

**Rakkoo haala qophiirraatti mul'atu:** Haala qophiirratti rakkoolee jiran waliin wal qabatee qorichoonni gosa dhukkuboota tokko tokkoo yeroodhuma sana ho'aasaatti (barii ganamaan kan qopha'anii) yerooma sanatti dhukkubsataaf kennamuu osoo qabanii, ogeessonni tokko tokko muuxannoofi hubannoo kana waan hinqabneef, qorichoota kana qopheessanii bulchuun, yookiin lafa kaa'uun bubbulchanii dhukkubsattootaaf kennu. Akka ogeessota muuxannoofi hubannoo cimaa qaban dubbatanitti qorichoonni kun yeroodhuma sana qopha'anii dhukkubsataaf hinkennaman taanaan qophaa'aanii yeroo taa'an summii uumuun dhukkubsataa akka miidhan dubbatu. Fakkeenyaaf, rakkoon baay'inaan kan mudataa jiru kennamiinsa qorichaa sabbataa (tiruu) obaasan biratti. Rakkoon kunis ogeessoti tokko tokko iccitii biqilaa muka qorichi kun irraa qophaa'u wallaaluudha. Baalli qoricha ta'u kun bor ganama dhukkubsataaf kennama yoo ta'e, galgalasaa cuunfamee kan bulu yoo ta'e nama ajjeesa. Kana maalees, baalli sun bishaan xuqee kan bule yoo ta'e summiitti jijjiiramee bula waan ta'eef, salphaatti lubbuu namaarratti dhiibbaa geessisa. Dabalataan, handoodeen hundeen isaa qoricha tiruuf qopheeffamu kan hindaraariin yoo ta'e, lubbuu namaa miidhuu akkadanda'u ogeessoti ibsu. Kanaafuu, ogeessoti muraasni hubannaafi muuxannoo kanaa dhabuun dogongora geessisan kun beekumsaafi muuxannoo ogessota birroorraa qooddachuu akka qaban dubbatu (Ogeessa qoricha aadaa Obbo Tafarii).

Haalaafi Yeroo Kennamiinsaarratti Rakkoolee Jiran: Ogeessonni qoricha aadaa yommuu qoricha dhukkubsataaf kennan yeroo baay'ee barii lafaa garaa qullaatti yookiin utuu waa hin nyaatin fuuldura akka fudhatan ajaju. Kun immoo garaacha dhukkubsataa sanaarratti dhiibbaa geessisa. Rakkoon kun yeroo hedduu kan mudatu qorichoota kanneen bifa dhangala'aan dhukkubsataaf kennaman iratti mul'ata. Kunis yommuu dhukkubsataa obaasan garaa qullaa irratti waan ta'eef kan miidhaman ni jiru. Kun immoo miidhamaaf dhukkubsataa sana dhukkuba dabalataaf saaxila. Sababa kanarraan kan ka'e namoonni baay'een akka qorichi aadaa nama miidhutti hubachuun ilaalcha badaa qoricha kanarratti qabaatu. Yeroon itti dhukkubsataaf kennamu kun akka taateewwan qoricha aadaa miidhaniitti eerameera. Sababnisaa dhukkubsatoonni dhukkuba biroof saaxilaman sun akka qorichi aadaa isaan miidheetti waan ilaalaniif (Madda ragaa: obbo Daargee).

## 5. Cuunfaa, Aregannoofi Yaada Furmaataa

### Cuunfaa

Walumaagalatti, kanneen olitti ibsaman qorichi aadaa akka dagatamuufi baduuf kannneen dhiibbaa geessisaniidha. Dhiibaaleen kunneenis hawaasa keessatti kallattiin utuu hintaane, amit-kallattiidhaan dhiibbaa uumu. Fakkeenyaaf, amantii dahoo godhachuun ilaalcha amantaan wal qabsiisanii akka hojii seexanaa ta'etti irratti odeessuun hawaasi akka itti fayyadama isaa dhaabu ilaalcha jijjiirsisuun dhiibbaa godhaniiru. Gama mootummoota darbaniinis uummata Oromoo harkaa ogummaa kana qucarsuuf kan taassifamaa tureedha. Dabalataan, lafti borqaa'uun biqilooti qorichummaaf oolan naannoorraa dhabamuudhaan ogeessoti salphaatti akka hinarganne ta'eera. Kallattii kamiiniyyuu dhiibbaaleen kunneen akka ogumni kun hafuufi itti fayyadami qoricha aadaa dagataman taassisaniiru. Kun immoo hawaasa keessatti ogeessonni qoricha aadaa ta'an ogummaa isaaniitiin hawaasa akka hintajaajilleef danqaa ta'eera.

## Argannoo

Dhiibbaan amantiin dhufu gama qoricha aadaa qucarsuu keessatti gahee inni taphate guddaa ta'uunsaa hubatameera. Amantiin qoricha aadaa irratti dhiibbaa inni geessise ifatti, yookiin mul'inatti ta'uu baatus dhiibbaa uumeera. Qorichi aadaa akka qoricha xinqolaatti ilaalamuun hawaasi akka ilaalcha dabaa qabaataniif taassifameera.

Baduu, yookiin dhabamaa dhufuu qoricha aadaaf sababa kan ta'an keessaa dhiibbaan mootummoota darbanii isa tokkoodha. Dhiibbaan kun ogeessota qoricha aadaa ta'an bifa hacuuccaafi ilaalcha siyaasaan walqabsiisuun akka ogeessoti kun oogummaa isaaniitiin hawaasa hintajaajille taassifamuun dhorkamaniidha. Kun immoo ogummaa Oromoon ganamaan waaqa bira kennameef irratti gufuu ta'uun argannoo qorannooti.

Biqilootni qoricha aadaa ta'an yeroo ammaa dhiibbaalee kanneen akka mancaatii bosonaa, lafti xaa'oo of keessaa fixee borqaa'uufi fayyadama qoricha farra aramaa fa'aa irraan kan ka'e badiisaaf saaxilamaniiru. Dhiibbaalee kanneeniin biqiloonni qorichummaaf oolan keessaas kanneen akka biqilaa ashangiraa, hinnaa, hidda reeffaa, ya'aa, muka gambeelaa, karaabii, dinnicha Oromoo, atarii qalamee, tuufoo cabbii, marga carcar fa'aa akka badaniif dhiibbaa geessiseera.

Maanguddoonni ogeessota qoricha aadaa ogummaa kana guyyaa keessa barnootaan, yookiin muuxannoo keessa kan argatan miti. Haata'u malee, ogummaa ganamaan qaban kana bakkeetti baasanii of beeksisuun qoricha kana beekamtiin qopheessuuf kaka'umsi keessaa isaanii hinjiru. Sababni isaas, ilaalchota gama amantiifi siyaasaan jiran sodaachuu irraan kan ka'e oogummaa isaanii kana ni'aguuugu. Kun immoo qorichi aadaa ifatti bahee dhalootaa gara dhalootaatti akka hin daddarbineef gufuu, yookiin danqaa ta'ee argameera.

Akkaataa kennamiinsa qoricha aadaan walqabatee hanqinooti mul'atan tokko tokko hawaasa keessatti sodaa uumuun akka hinfayyadamne taassisu nijira. Maanguddoonni yommuu dhukkubsataaf kennan tilmaammiin waan ta'eef, caba quba moggee, barruutti, cophaan, qeensattiifi kkf. tti tilaammiin kennu. Kun immoo namoota fudhatan irratti dhiibbaa cimaa geeessisa jedhamee dubbatama.

Haalaafi yeroo kennamiinsaarratti rakkoolee jiraniin walqabatee, ogeessonni qoricha aadaa yommuu dhukkubsataaf qoricha kennan, barii lafaa garaa qullaatti kennu. Keessumaa, qorichooti bifa dhangala'aan kennaman garaatti waan dhugamaniif, yeroo itti garaacha dhukkubsataa sana dhibee biroof saaxilantu argama. Kun immoo hawaasi akka qoricha kana fayyadamuu irraa fageessu taassiseera. Sababa kanarraan kan ka'e namoonni baay'een akka qorichi aadaa nama miidhutti hubachuun ilaalcha badaa qoricha kanarratti qabaatu argannoo kanaan bira ga'ameera.

## Yaada Furmaataa

Rakkoowwan kanneeniif ogeessota qoricha aadaa qopheessan irraa kaasee hanga biqilootaafi wantoota qophii qoricha aadaaf tajaajilan maraaf kunuunsi gahaan godhaamuufiin gaarii ta'a jedhamee yaadama. Irra jireessaan yeroo baay'ee ogeessoti qoricha aadaa ta'an qaama kamiinuu cina isaanii dhaabbachuun akka dirqamaatti ilaalamuu qaba. Sababni isaa yeroo baay'ee hawaasa keessatti hamileen isaanii jajjabeeffamaa miti. Walumaagalatti, yaadi furmaataa qorannoo kana Keessatti kaa'ame kanneen gadiiti:

- Kan ammayyaa waliin dorgomaa ta'ee akka babal'atuuf qorannoo irratti adeemsisuu.
- Qaamonni dhimmi isaa ilaallatan haayyotiifi hojjettoonni Aadaafi Turizimi naannoo bakka qorannoo kanaa maanguddootaafi ogeessota qoricha aadaa ta'an cina dhaabbachuun bakkasaan jiranitti jajjabeessuu, gorsuu, leenjii gahaa kennuu, yaada waljijjiiruun isaan irraas muxannoo qoddachuufi kkf.

- Akkaataa kenna qoricha aadaan walqabatee ogeessota qoricha aadaa hubannoo bilchaataa hinqabne irratti komii kaafaman hambisuuf kanneen madaalliisaa utuu hineegin dhukkubsataaf qoricha kennan of eegannoo akka isaan taassisan gochuu.
- Mancaatii biqiloota qorichaa aadaa irratti mul'ataa jiruun wal qabatee mootummaafi hawaasi wal ta'uun biqilooti kun akkaataa isaan bakkatti deebi'an taassiuu
- Itti fayyadama qoricha farra aramaan wal qabatee daangaa itti gochuudha. Sababi isaa farra aramaa kanaan biqiloota qorichummaaf oolan hedduutu ittiin badaa jira waan ta'eef bakka biqilaan biroo faayidaaf oolu jirutti fayyadamuu dhiisuun furmaata.
- Qorichi aadaa akka hindagatamneef gaheen maanguddoonni ogeessota qoricha aadaa bahuu qaban qorattoota qorannoo geggeessuuf galmeessanii olkaa'uuf odeeffannoo isaan irraa barbaacha dhufan haalaan keessummeessuufi odeeffannoo dhugaa ta'e kennuun gaariidha.

## Wabiilee


Abdel-Aziz, S. (2016). "*Health Benefits and Possible Risks of Herbal Medicine* Medicine in Primary Health Care: An Overview of Perspectives and Challenges" Springer International Publishing Switzerland (March, 2016):97-117.

Belachew, U. (2021). "*Preference and Practice of Traditional Medicine and Associated Factors in* Jimma *Town, Southwest Ethiopia*." Hindawi, Evidence-Based Complementary and Alternative Medicine, (1): 1-7

Bishawa, M. (1991). "*Promoting traditional medicine in Ethiopia*: A brief historical review of government policy." Social Sciences and Medcine, 33(2): 193-200.

Calxto, J. "2000). "*Efficacy, Safety, quality Control, Marketing and Regulatory Guidelines for herbal Medicines*" Brazilian Journal of Medical and Biological Research, No. 33: 179-189.

Dzoyem, J. (2013). "*Medicinal Plants Market and Industry in Africa*" Kuete (Ed.) Medicinal Plant Research in Africa: Medicinal Plant Research in Africa: Pharmacology and Chemistry.Prtoria: University of Pretorai.

Ekor, M. (2013)." *The Growing Use of Herbal Medicines*:" Frontier Pharmacol, 4: 1-10.

Facchinetti, F. ( 2015). "*Herbal Supplements in Pregnancy: Effects on Conceptions and Delivery."* Watson, R, (Ed.) Hand Book of Fertility: nutrition, Diet, Life Style and Reproductive Health. Arizona: University of Arizona:253-260.

Fennell, W, (2004). "*Assessing African medicinal plants for Efficacy and safety: Agricultural and Storage practices."* Journal of Ethnopharmacology, 95 (2-3): 113-121.

Graz, B., Andrew, k. and Melebo, H. (2011). "*To what extent can Traditional Medicine Contribute a Complementary or Alternative Solution to Malaria Control programmes?" Malaria* Journal, 10(1): 1-7.

Nethathe, G. and Russell, S. (2014). "*Traditional MedicineUuse and the Anaesthetist*." Southern African Journal of Anaesthesia and Analgesia, 20(6): 221-225.

Posadzki, p. Watson, L.and Ernst, E. (2013). "*Adverse Effects of Herbal Medicine*: an Overview of Systematic Reviews.*" ClinMed*, 13(1): 7-12.

Raynor, D. (2011). "*Buyer Beware? Does the Information Provide with Herbal Products Available over the Counter Enable Safe Use?" National Library of Medcine,* 9: 9-94.

WHO (2019). "*WHO Global Report on Traditional and complementary* Medicine 2019*" Global Report*

Yaun, H. et al,(2016). "*The Traditional Medicine and Modern Medicine from Natural Products"* National Library of Medcine, 21(5): 1-30.

## Ogeessa Qoricha Aaadaa Kanneen Ragaan irraa Walitti Qabame

| Lakk. | Maqaa | Umurii | Bakka | Yeroo gaaffii | Yaada |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Sheek Ahmed Mumad | 59 | Aanaa Sayyoo | 12/10/2014 | |
| 2. | Obbo Biraanee Lamuu | 54 | Aanaa Gidaamii | 22/12/2014 | |
| 3. | Obbo Waaqshumaa Lammaa | 61 | Hawa Galaan | 17/10/2014 | |
| 4 | Obbo Mamud Idris | 63 | Hawa Galaan | 18/10/2014 | |
| 5. | Obbo Daargee Daannoo | 67 | Gidaamii | 16/12/2014 | |
| 6. | Obbo Sambatoo Iddoosaa | 52 | Yamalogii Walal | 13/11/2014 | |
| 7 | Sheek Ahmed Xeyib | 49 | Sadii Canqaa | 18/11/2014 | |
| 8 | SheyikAhmed Mudin | 54 | Sadii Canqaa | 19/11/2014 | |
| 9. | Obbo Nigaatuu Margaa | 40 | Gidaamii | 21/12/2014 | |
| 1o | *Obbo Indaaluu Gaandii* | 57 | Sayyoo | 20/12/2014 | |
| 11 | *Obbo Ittaanaa Itichaa* | 38 | Gidaamii | 5/12/2014 | |
| 12. | *Obbo. Alamuu Qajeelaa* | 65 | Sayyoo | 20/10/2014 | |
| 13. | Mulgeetaa Garbaa | 56 | Yamalogii Walal | 19/11/2014 | |
| 14. | *Abbabaa* Jirruu | 54 | Daallee Waabaraa | 26/11/2014 | |
| 15. | Obbo Tafarii Lamuu | 61 | Hawa Galan | 23/10/2014 | |
| 16. | Obbo Waaqjiraa Galjaa | 40 | Gidaamii | 27/12/2014 | |
| 17. | Obbo Mazgabuu Jiraata | 53 | G.Qeebbee | 14/12/2014 | |
| 18. | Obbo Tasfaa Hundumaa | 52 | Gawo Qeeebee | 28/11/2014 | |
| 19. | Obbo Kumarraa Shaaqoo | 43 | Gidaamii | 29/11/2014 | |
| 20 | Obbo Kuusaa Hurruubaa | 57 | Hawaa Galaan | 27/10/2014 | |